

Tukaana Ofirraa Yaa Ittisnu !

Hubanna Bu'uuraa Waa'ee Tukaanaa

- Tukaanni siree tukaana xixxiqqoo hanaga sanyii poonii kan geessu dha. Tukaanni siree ga'eessi battee, geengoo fi biffa dimaa maagala kan qabudha. Ilmooleen tukaanni baay'ee xiqqoo fi arguun kan nama rakkisu dha.
- Tukaanni dhiiga namaa kan xuxuu fi otuu homaa hin nyaatin waggaa tokkoo ol taa'uu kan danda'u dha.
- Tuukanni yeroo namani hirribaa ka'uu ni dhokatu halkaan namni yeroo hirribaaf dhufu dammaquun nyaataaf qophaa'u. Tukanni qaama namatirra hin jiraatan.
- Namoonni tokko tokko yeroo tukanni nyaatu beekuu dhiisuu danda'u.
- Tokaanonni baa'yeen siree keessa hanga faana 8 keessatti argamu, yeroo wal horan garuu siree hundarra tamsa'uu malu. Tukaana iddoowwan armaan gadii keessatti arguu ni dandeessu.:
 - Boraatii, firaashii, holqa siree, fi siree keessa,
 - Dhohaa fi holqaa barcumaa keessa
 - Waraqaa dhaabaarraatti dhoobame manaa duuba
 - Duuba suuraa fi sa'aatii
 - Golgaa keessatti
 - Holqaa muka manaa
 - Afaa manaa jala
 - Duuba sookeettii elektirikaa

Odeeffannoo dabalataaf: sarara

odeeffannoo tukaana siree

qunnamaa:

612-624-2200, 1-855-644-2200

bedbugs@umn.edu, yookin laaluu

www.bedbugs.umn.edu

Tukaana Siree Qabuuf Iddoo Banaa Qopheessuu

Iddoo banaa hambisuun lakkoofsa tukaana siree iddoo tokkottii baay'atanii jiraatanii ni hir'isa. Iddoo banaa hambisuun 100% kan fiixaan ba'e miti, garuu tukaana siree hanga ta'e qabuuf nama gargaara. Wantootni ati tukaana siree akka hin babaldhanne qabuuf gochuu qabdu armaan gaditti tuqamaniiru:

- Meeshaa jabaataa ta'e qopheeffadhu. Dhoojaa meeshaa sana keessan iddoo duwwaan akka jiru ilaali. Sana booda tukaanni dhoojaa sana keessan gara meeshaa saatti olseenu.
- Naannoo tokko irratti xiyyeefachuu qabda.
- Meehsaa san humnaan walitti hin qabin yoo kana ta'uudhaaf baate hanqaaquun isaanii keessaa dhangala'uun lafa guuta.
- Tukaana siree ulaa keessan ba'uun jiraachuu ni danda'u. Akka si jilaa hin baaneef tukaana siree erga qabdeen booda dafii keessaa harcaasi.
- Yeroo xumurtu, ujummoo banaa sana cufii kaa'i. Erga sanaa booda boorsaa pilaastikaa keessa kaa'olkaa'i. Boorsan kun immoo goongaa balfaa keessatti gatamuu danda'a.
- Boorsan sun ujummoo banaa kana yoo baachuu dadhabeef, iddoo banaa ujummoo sana keessatti akka tukaana siree hin hafneef bishaan hoo'adhaan dhiquu qabda. Yeroo hedduu calaltuun ujummoo kana wajjin kennamu ni jira. Calaltuun kunis dhiqamuu qaba, yyokin immoo jijjiiramuu qaba. Bishaan iddoo elektikini jirutti hin fayyadaminaa.
- Ujummoo iddoo duwwaa kana bakka biraatti fayyadamuu barbaadda yoo ta'e, tukaana siree akka si jalaa hin baqanneef sirriitti cuqaali. Sana booda gara galgalaa bani.
- Ujummoo banaatti fayyadamuu kee irra deddeebi'uun tukaana sireeittisuufayyadamuu ni dandeessa. Iddoo dura ujummoo banaa kana fayyadamuun tukaana siree itti qabde yaadadhu. Hanqaaquun lafatti dhangala'uun akka wal hin horre. Tukaana siree ga'eessonni iddoo dura itti walhoranitti walkuusuu. Iddoo kana irra deebitee sakata'uufii ujummoo iddoo duwwaa kanatti fayyadamuun akka tukaana siree walhin horre taasisa.
- Mala keemikaala hin qabnetti fayyadami, fakkenyaaf: miiccuu, hoo'isuu, cabeessuu fi ujummoo iddoo duwwaatti fayyadamuu. Kun immoo humna namaa siif qusachuu danda'a.
- Hanaga danda'ametti mana kee salphaa taasisi. Tukaanni siree dhokachuu jaalatu, meeshaa heeduu hanguma kuuste carraan dhokachuu isaanii baay'ata.
- Meeshaalee tukaana sireetiin hin tuttuqamne adda qooduun iddoo banaa keessa olkaa'uun ujummoo banaatti fayyadamuun irra deddeebisuun qulqulleessuu qabda.



Kan Qophaasse Amaliyaa Shindelalii fi Dr. Steefan Keellas 2011

Kan gargaarsi godhameef duula "Tukaana yaa Balleessinu" jedhuuf yoo ta'u, dhaabbileen gargaarsa taasisan immoo Egeessii Ittisa Naannoo Yuunaytid Steetsi fi MDA dha. Dabalataanis Muummee Fayyaa Minnisootaa galateeffachuu barbaanna.

Akka seera namoota qaama hir'uu Ameerikaatti, odeeffannoowwan kun lakkoofsa bilbilaa 651/201-6000 kanaan yoo bilbilitan argachuu ni dandeessu. Namoonni TTY fayyadamtan immoo tajaajila Relay Miniisootaa karaa lakkoofsa bilbilaa 711 yookiin 1-800-627-3529 argachuu ni dandeessu.

Universitii Miinisootaa fi MDA dhaabilee carraa barnootaa fi hojii loogii malee kenanni dha.

Kan fooyya'e, Caamsaa 15, 2015



UNIVERSITY OF MINNESOTA
EXTENSION



MINNESOTA
DEPARTMENT OF
AGRICULTURE
www.mda.state.mn.us